Waamicha ABO dhaboota, sabboonoota fi qabsaawoota Oromoo maraaf

Seenaan kan nu barsiisu sabni Oromoo, saba jaarroota kumaatamootaaf tokkummaan jiraate; saba bilisaa, saba jabaaa fi boonaa, leellifamaa, sodaadamaa fi kabajjamaa ta'ee jiraataa ture ta'uu isaa ti. Haata'u malee, jaarraa 18ffaa irratti haalli Oromoo gara maleetti jijjiiramuu isaa nu barsiisa. Kunis, hoogganootni isaa bakka heddutti qoqqoodamuu isaanii ti. Qoqoodamni kun, humna Oromoo laaffise. Yeroo duraatiif, sabni Oromoo hoogganoota hin waaltofne hogganamuu eegale. Kanarraa kan ka'e, hooggana waloo dhabe. Alagaan hiree kanatti dhimma bahuudhaan, tokko tokkoon naannoo naanotti Oromoorratti duula waraana bane. Cabsees koloneeffatuu danda'e.

Haata'u malee, Oromoon akka sabaatti guyyaa tokkollee tole jedhee diinaaf jilbeeffatee hin beeku. Naannoo naannootti, fincila faffaca'aa godhaa ture. Haalli hooggana woloo dhabuu kun, yeroo duraatiif bara 1973 bara ABO ijaarame jijjiirame. Yeroo duraatiif, hoogganni guutumaa guututti saba Oromoo calaqisuu fi Oromoon hundinuu keessatti of argu bu'uurfame. Hoogganni kun, yeroo duraatif sangantaan siyaasaa, kaayyoon qabsoo, tooftaa fi tarsiimoon qabsoo Oromoo firraa fi diinaafis ifatti labse. Qabsoo hidhannoo, siyaasaa fi diplomaasii jalqabe. Qabsoo hooggana woloo kanaan, bu'aan har'a argame galmeessuun danda'ame.

Deemsa qabsichaa keessatti bara 1998 irraa jalqabee haala walxaxaatu jarmayaa ABO fi qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti dhalate. Innis, kaayyoo qabsoo bilisummaa qabatanii falmaa ittiifufu fi kaayyoo Oromoo gara kaayyoo Itoophiyaa diimookraatessuu jijjiiramuu gidduuttii mormiin yaadaa callaqisuu isaa ti. Kanarraa kan ka'e, bara 2001 akkasumas bara 2008 irraa jalqabee hamma ammatti, ABO qoodamaa deemuu fi miseensootni isaa faffaca'amuun mudate. Har'a faffaca'uu hoggansa woloo kana irraa kan ka'e, hoogganummaan ganda-gandatti gad-diqqeeffamee jira. Haalli kun, haala jaarraa 18ffaan walfakkaata. Faffaca'uun hoggansaa kun, jaarraa 19ffaa irratti diina Oromoo gargaare malee Oromoo hin gargaare. Tibba sanatti sabni Oromoo, diina tokkummaan dura dhaabatee, ofirraa ittisuu hin dandeenne ture. Kanarraa kan ka'e, sabni Oromoo waanjoo kolonii jalatti kufe.

Har'aas yoo ta'e, faffaca'uun hoggansa fi miseensaa kun diina Oromoo Wayyaanee gargaaraa jira malee Oromoo fi qabsoo bilisummaa isaa gargaaraa hin jiru. Haalli har'a ganda-gandatti murna-murnaan dhaaba ofiin jedhaa faca'uun kun, qabsoo fi saba Oromoo miidhaa jira. Kun yoo itti fuufe, egeree Oromoo, Oromiyaa fi qabsoo bilisummaa Oromoo irratti balaa hamaa qabaata. Kanaaf, haalli hoggansa qabsoo hatattamaan furmaata argachuu qaba. Garaagarummaan jaaraa 19ffaa fi har'a jaarraa 21ffaa jidduu jiru, har'a sabni Oromoo, hoggansa malee bahaa-dhihaa, kaabaa-kibbaa fi jiddugaleessaa irraa jalqabee tokkummaa isaatiin ka'uu isaa ti. Tokkummaa isaa eegatee, tokkummaan abbaa biyyummaa isaa falmataa jira. Kanaaf, har'a kan jalasararamuu qabu, ABOn saba, biyyaa fi qabsoo keessaatti argamuu qaba kan jedhu ta'uu qaba.

Walumagalattii tokkuummaa waaraan mooraa qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti itituu dhabuun qabsoo hadhooftuu har'an tana sabni Oromoo harka qul'a diinaa hamtuu waliin geggeessaa jiru keessatti ABOn akka hin

hirmaanne danqarudhaan ummurii Wayyaanee deeressaa fi wareegama saba Oromoo ulfaataa taasisaa jira. Haala kana jijjiruuf kutannodhaan irratti hojjetaa jirra.

Qabsoon tokko, qabsoo dhugaa ta'uu kan danda'u yoo biyyaa fi saba isaa keessa jiraate; yoo tokkummaa dhaabaa, miseensaa fi sabaa tikse dha. Hoggansi tokko yoo kaayyoo qabsoo jal'isuu baate; yoo qabsoo geggesuu danda'e; yoo saba isaa ijaarre; yoo ofirratti, sabaa fi qabeenna sabaa irratti irkatee fi heeraa fi seera dhaaba kabajjee fi tikse duwwaa dha kan hoggansa ta'u.

Sagantaan siyaasaa ABO akeekni galii fi kaayyoon qabsoo dhaabichaa Oromiyaa walaboomsee mootummaa walaba diimookraatika riipablika Oromiyaa ijaaree iggitti itti godhuu dha. Kaayyoo kana bakkaan gahuuf, hoogganoonnii fi miseensonni heduu fi sabni Oromoo kumaatamaan laakkawaman itti wareegamnii jiru. Ammallee wareegamaa jiru. Ammas irra deebinee, galii fi kaayyoon ABO walabummaa Oromiyaa tahuu isaa mirkaneesina.

Qabsoon saba Oromoo, qabsoo haqaa waan taheef wantti asii fi achi oofnuuf tokkollee hin jiraatu. ABOn, dargaggootni fi shamarran Oromoo kan afaan qawwee dura harka duwwaa dhaabbatanii falmaa jiraniif walabummaa Oromiyaa kanaaf tahuu haalaan itti amana.

Dhuugaan jiru, haga ammaatti kan qabsoo bilisummaa Oromoo qancarsan, gaafii Oromoo, gaafii haqaa, gar-malee hiikuu yaaluu tahuun ni hubatama. Garreen tokko-tokko gaafiin Oromoo, gaafii diimookraatessuu Itoophiyaatti jedhee hiikkata; garreen biraa, gaafii lammummaa Itoophiyaa argachuuti jedhee hiikkata; garreen garabiraa ammoo, gaafiin Oromoo, gaafii federaalizmii Itoophiyaa dhugoomsuti jedhee hiikkata. Dhugaan isaa garuu, gaafiin Oromoo gaafii kolonii ti; gaafii walabummaa gonfachuu ti. Gaafii abbaa biyyummaa ti. Kanaaf, ummanni Oromoo daangaa hamma daangatti sagalee tokkoon diina dura dhaabatee walabummaa Oromiyaa (abbaa biyyummaa) mirkaneeffachuuf qabsaawaa jira.

Kanarra dhaabbachuudhaan, ABO walgahiin tokko (Oromo convention) akka tahu yaada dhiheese jira. Akeekni walgahii kanaa yaada biyyoolessa kan tahe kan yaada adda addaa cuunfee yaada waliigaltee tokko baasu (Oromo national consensus) ta'a. Yaadni waliigaltee kun, humnooti siyaasa Oromoo keessatti qooda fudhatan hundi kan hordofan taha. Walgahii kana qopheesuurratti ABO qooda guddaa fudhachuuf qophii dha. Akkuma hubatamu, walgahii kana qopheessuu fi qooda fudhachuurratti dhaabbileen qormaataa, kan amantii, kan namoomaa, maanguddootaa fi dhaabbileen siyaasaa Oromoo qooda ol'aanaa irraa fudhatan waamicha lammummaa goonaaf.

Mootummaan Wayyaanee mootummaa dhufaa dabraan hundaa caalaa diina hiriyyaa hinqabne hamaa fi hammaataa tahuun isaa mamsiisaa miti. Mootummaa shororkaa, ajjeechaa fi saaminsa irratti ijaarame. Mootummaa kun, sanyii xuruurraa Oromoorratti raawwataa jira. Haata'u malee, ajeechaan kun aangoorra isa tursuu akka hin dandeenye ifaa dha. Kanaaf, kufuufis raaffamaa jira. Akkauma "Ilkeen socho'e buqqa'uun isaa waan hin oolle" jedhumu, Wayyaaneenis aangoorraa buqqa'uun, kuftee caccabuu fi diigamuun waan ooluu miti.

Ummanni Oromoo, ummata nagaa jaalatu. Garuu, jaalalaan diina biyya ofiirraa kaasuun hin danda'amu. Akkasumas, diinni karaa nagayaatiin biyyarraa hin ka'u. Oromoon yoo makmaaku, "Qoree nama waraante, qoreen baasu" jedhu. Akkasumas, diina qawween Oromiyaa qabate, Oromiyaaa keessa baasuuf murteessaan qawwee dha. Kun kan dhugoomu, yoo Oromoo ijaaramee humnatti of jijjiiree fi hidhate duwaa dha. Dhugaan jiru, Wayyaaneen ofiin hin kuftu; ofiinis of hin kuffiftu. Kan kuffisu dhaaba; dhaaba tokkumma qabu; dhaaba humna qabuu; fi dhaaba irroome. Oromoon gaffii kanaaf shaffisaan furmaata argachuu qaba.

Furmaata kan argamsiisu, qabsaawoota, sabboonootaa fi jaalaltoota biyyaa ti. Furmaatni argamuus, ABO deebisanii tokkoomsuu, ijaaruu, jabeessuu, humneessuu fi irroomsuu ta'uu qaba. Kanatu, qabsoo bilisummaa Oromoof furmaata ta'a. Hoggansa fi jarmayaa tokkoome Oromiyaa keessatti yeroo gabaabduu keessatti deebisuu fi qabsoo bilisummaa finiinsuun gaafii bilbelchiiftuu yeroo tan har'a harkaa nu qabu. Caasaa tokkoomee fi hooggansa waloo qabaachuu fi qabsoo biyyaatti deebisuun, qabsoo bilisummaa milkeessuuf murteessaa dha.

Kanaaf ABO, dhaaboota, garreewwan, murnootaa fi nam-tokkeewwaan maqaa ABO qaban hundaa fi dhaaboota Oromoo kan sagantaa walfakkaataa ABO wajjiin qabaatan hundaaf konfiraansii/Conference/ waloo tokko qopheessinee waan asii oltti kaafne waliin mar'annee hojjitti hiikuuf waamicha lammummaa fi jaallummaa isin hunddaafuu dhiyeessina. Nu hunduu, gaafatama woloo fi gaafatama seenaa waliin qabna.

Oromiyaan ni bilisomti!

Adda Bilisummaa Oromoo

Hagayya 12, 2016